



Hennepin County

Filannoowwan Qajeelfama Filataa

Baga nagaan dhuftan

Gareen Hennepin County Elections haala qulqullina qabuun sirriitti isin tajaajiluuf carraaqa. Yeroo sagalee kennitan sagalee keessan dhageessifattu, qondaaltota filatamanitti itti gaafatamummaa kennitu, akkasumas dhimmoota barbaachisoo hawaasa keessan ilaallatan irratti dhiibbaa uumtu.

Qajeelfamni filattootaa kun adeemsa sagalee kennuu kan ibsu yoo ta'u, filataa caalaatti odeeffannoo qabu akka taataniif odeeffannoo isinii kenna. Gaaffii yoo qabaattan waajjira keenya quunnamaa.

Dimokiraasii keenya keessatti qooda fudhachuu keessaniif galatoomaa!

Nagaa wajjin,

Ginny Gelms
Qajeelchituu Kutaa Filannoo

Gabatee Qabiyyee

Baga nagaan dhuffan.....	2
Eenyutu filata.....	4
Mirgoota filataa	5
Mirkaneeffata filannoo.....	6
Filachuudhaaf galmaa'uu	7
Karaawwan ittiin galmaa'an.....	8
Ragaa namaaf ta'uu.....	9
Karaawwan ittiin filatan.....	10
Dhaqqabamummaa.....	14
Haalota addaa.....	15
Wajjiraalee filataman	16
Filataa odeeffannoo ga'aa qabu ta'uu	20
Waraqaa filannoo keessanitti mallattoo gochuu ..	21
Itti hirmaadhaa	23



Ulaagaalee armaan gadii hunda yoo guuttan Minnesota keessatti filachuu ni dandeessu:

- Lammii U.S. yoo taatan
- Umuriin keessan Guyyaa Filannootti yoo xiqqaate 18 yoo ta'e
- Guyyoota 20'f jiraataa Minnesota yoo taatan
- Yeroo ammaa kana murtii yakka cimaatiin hidhaarra yoo hin jiraanne
- Eegumsa seeraa jalatti abbaan seeraa mirga filachuu keessanii isin hin mulqine yoo ta'e



Mirgoota filataa

Akka filataa Minnesotaatti isin mirgoota hedduu qabdu! Yaadadhaa, yoo ulaagaa guuttan mirga filachuu dhorkatamuu hin dandeessan.

Kana gochuuf mirga qabdu:

- Filachuuf, filannoodhaaf galma'uuf, ykn giddu-seensa tokko malee namni tokko galmaa'ee akka filatuuf gargaaruuf
- Gargaarsa gaafachuuf
- Abbaa murtii filannoo irraa gargaarsa argachuuf ykn nama isin gargaaru fidachuuf
- Yeroo kana booda murtii yakka cimaatiin hin hidhamne yoo taatan filachuuf
- Kaffaltii, boqonnaa dhuunfaa, ykn yeroo boqonnaa osoo hin dhabin sagalee kennuudhaaf yeroo hojii irraa boqonnaa fudhachuuf
- Iddattoo waraqaa filannoo gara bakka filannoo keessaniitti fiduuf
- Sagalee filannoo keessan kennuu keessaniin dura yoo dogoggartaniittu ta'e waraqaa filannoo biraa fudhachuuf
- Guyyaa Filannootti galgala sa'a 8 p.m.tti hiriirra yoo jiraattan filachuuf.
- Ijoollee keessan gara buufata filannoo fuutanii deemuuf
- Sanadoota barbaachisoo bakkee jireenya keessanii agarsiisan qabattanii dhiyaachuudhaan Guyyaa Filannootti filachuudhaaf galmaa'uuf. Guyyaa Filannootti galmaa'uu ilaalchisee odeeffannoo dabalataa fuula 8ffaa irraa ilaalaa.



Mirkaneeffata filannoo

Sagalee kennuun jalqaba irratti sodaachisaa fakkaachuu danda'a, garuu adeemsa isaa keessatti isin gargaaruuf as jirra.

Bara kana filannoo salphifachuuf mirkaneeffataa fi qajeelfama filataa kana fayyadamaa!

Filachuuf qophaa'aa

- ☐ Filachuu danda'uuf ulaagaa guutuu keessan mirkaneeffadhaa (fuula 4ffaa)
- ☐ Filachuuf galmaa'aa (fuula 7ffaa)
- ☐ Waraqaa filannoo keessan irra maal akka jiru baraa (fuula 10ffaa)
- ☐ Karoora filannoo qabaadhaa:
 - Poostaadhaanan filadha (fuula 11ffaa)
 - YKN
 - Durseen qaamaan dhaqee filadha (fuula 12ffaa)
 - YKN
 - Guyyaa Filannoottan filadha (fuula 13ffaa)
- ☐ Filadhaa!



Filachuudhaaf galmaa'uu

Filachuu keessaniin dura galmaa'uu qabdu.

Galmaa'uun karaa ittiin ulaagaa guutuu keessan agarsiistanidha.

- Minnesota keessatti, Guyyaa Filannoo guyyoota 21 dursitanii galmaa'uu ni dandeessu.
- Akkasumas, qaamaan dursitanii ykn Guyyaa Filannootti galmooftanii filachuu yoo barbaaddan galmaa'uu ni dandeessu.



Galmaa'uu keessan adda hin baafannee?
mnvotes.gov/register irraa ilaalaa

Karaawwan ittiin galmaa'an

Toora intarneetii mnvotes.gov/register irraan

- Mala kanaaf teessoo iimeelii isin barbaachisa.

Waraqaarratti

- Unkaa iyyannoo galmee kanarraa piriinti godhadhaa: mnvotes.gov/register ykn hennepincounty.gov
- Gara Hennepin County Elections'tti poostaadhaan ergadhaa ykn qaamaan kottaa: Hennepin County Elections 300 South 6th Street - MC 680, Minneapolis MN 55487

Qaamaan

- Mirkaneeffannaa
 - eenyu akka taatanii fi
 - eessa akka jiraattanii dhiyeessuu qabdu

Fakkeenyaaf, Waraqa Eenyummaa Minnesota yeroo ammaa fi kan fudhatama qabu ykn hayyama konkolaachisummaa
- Tarreeffama filannoowwan bakkee jireenyaa mirkaneessanii hunda mnvotes.gov/register irraa fudhadhaa

YKN

- Filataan galmaa'e kan naannoo keessanii akka dhugaa isiniif ba'u taasisaa
(odeeffannoo dabalataa waa'ee dhugaa namaaf ba'uu fuula 9ffaa irra ilaalaa)

Wayita kana gootan galmee keessan haareessuu hin dagatinaa:

- Bakka haaraatti yeroo jijjiirrattan
- Maqaa keessan yeroo jijjiirrattan
- Waggoota arfan darban keessatti yoo xiqqaate aaluma tokkoof illee filattanii hin beektan yoo ta'e

Barattoota kooleejii

Teessoo yeroo ammaatti mana kiyya ittiin jettaniin galmaa'aa Fakkeenyaaf, doormii keessan, mana mooraa kooleejiiitiin alaa ykn mana maatii keessanii akka teessoo keessaniitti galmeeffadhaa.



Ragaa namaaf ta'uu

Bakkee jireenyaa keessan yeroo ammaatiif ragaa sirrii hin qabdan yoo taatan, yeroo qaamaan filattan namni biraan akka dhugaa isiniif ba'u ykn ragaa isiniif ta'u gochuu ni dandeessu

Namni dhugaa isiniif ba'u kakaa teessoo keessan ittiin mirkaneessu mallatteessuutu irraa eegama.

Eenyutu ragaa isiniif ta'uu danda'a?

- Filataa galmaa'e, kan naannoo keessan keessa jiraatu (*Filataan galmaa'e hanga filattoota saddeetiitiif ragaa ta'uu ni danda'a*)

YKN

- Dhaabbata keessa jiraatan keessa jiraattu yoo ta'e, hojjettoota dhaabbatichaa ta'uu ni danda'a
- Hojjettootni buufata filannootti ragaa mindeeffamuu isaanii agarsiisuu qabu (fakkeenyaaf: baajii W.E. hojjetaa ykn tarreeffama hojjettootaa)

Hojjettootni dhaabbata jireenyaa filattoota ulaagaa guutan, kanneen manicha keessa jiraataniif ragaa ta'uu ni danda'u.

Nama biraatu ragaa isiniif ta'e yoo ta'e, ragaa namaaf ta'uu hin dandeessan.

Hubachiisa: Teessoon keessan mirkaneeffamuu hin danda'u yoo ta'e, bakka filannootti "rakkachuu" maltu. Yooma ta'e iyyuu filachuu ni dandeessu. Abbootiin seeraa bakka filannoo keessanii filachuu keessaniin dura kakaa ulaagaa guutiinsaa isin kakachiisu.



Karaawwan Ittiin Filatan

Minnesota keessatti filattootni kanneen armaan gadii raawwachuu ni danda'u:

Dursanii poostaadhaan filachuu (*fuula 11ffaa*)

ykn

Dursanii qaamaan dhaqanii filachuu (*fuula 12ffaa*)

ykn

Guyyaa Filannootti filachuu (*fuula 13ffaa*)

Wanti waraqaa filannoo keessan irratti argamu waggaa waggaan jijjiirama, akkasumas bakka isin jiraattan irratti hundaa'a.



Sagalee kennuuf osoo hin deemin dura kaadhimamaa fi gaaffilee waraqaa filannoo keessan irra jiran irratti qorannoo geggeessuun barbaachisaadha.

mnvotes.gov/myballot

Dursanii poostaadhaan filachuu

Poostaadhaan filachuun salphaa fi mijataadha. Mana keessanii ba'uu fi hiriira galtanii eeguu isin hin barbaachisu!




Sadarkaalee:

1. Filachuuf galmaa'aa (*fuula 7ffaa*)
2. Waraqaan filannoo qaamaan osoo hin dhiyaatin filachuu, poostaadhaan akka isiniif ergamuuf mnvotes.gov/absentee ykn hennepincounty.gov/elections irraan iyyadhaa
3. Waraqaan filannoo keessanii poostaadhaan isin qaqqaba
4. Waraqa filannoo keessanii guutaa
 - Qajeelfamoota isaa sirriitti dubbifachuu keessan mirkaneeffadhaa.
 - Filataa galmaa'e ykn nama seera-qabeessa ta'erraa mallattoon wabii ni barbaachisa
 - Dursitanii kan hin galmoofne yoo taatan, unka galmee dabalataatu akka guuttaniif isinii kennama
5. Waraqa filannoo keessanii poostaadhaan ykn qaamaan deebisaa.
 - Poostaadhaan: Waraqaan filannoo keessanii Guyyaa Filannootti isin qaqqabuu qaba
 - Qaamaan: Waraqa filannoo keessanii Guyyaa Filannootti sa'a 5 p.m. tti deebisuu qabdu

Waraqa filannoo keessanii as irraan hordofuu ni dandeessu mnvotes.gov/track

Waraqa filannoo keessanii ilaalchisee rakkoo yoo qabaattan, karaa 612-348-5151 ykn hc.vote@hennepin.us Hennepin County Elections quunnamaa

Waraqa filannoo guutaa



Waraqa filannoo karaa poostaatiin deebisaa




Dursanii qaamaan filachuu

Waajjira filannoo naannoo keessaniitti ykn bakka dursanii sagalee kennuutti Guyyaa Filannoo dura hanga guyyoota 46tti sagalee kennuu ni dandeessu.


Sadarkaalee:

1. Yeroo filattan dursaatii galmaa'aa ykn galmaa'aa (*fuula 7ffaa*)
 - Dursitanii galmooftaniittu yoo ta'e, W.E. fiduu isin hin barbaachisu.
 - Yoo qaamaan galmaa'aa jirtu ta'e, ragaa jireenyaa sirrii ta'e fiduu keessan mirkaneeffadhaa
2. Bakka sagalee dursitanii itti kennitanii fi sa'aatii hojii hennepincounty.gov/elections irraa argadhaa
 - Yeroon eeggannaa garaa gara ta'uu akka danda'u yaadadhaa
3. Waraqa filannoo fudhachuu keessaniin dura iyyannoo filannoo qaamaan osoo hin argaminii guutuu qabdu.
4. Filadhaa!
 - Bakkee dhokataa keessatti filattu.
 - Yoo dogoggortan mirga gargaarsa gaafachuu ykn waraqa filannoo haaraa argachuu qabdu.

Waraqa filannoo guutaa



Waraqa filannoo keessa buusaa





Guyyaa Filannootti

Guyyaan Filannoo yeroo filannoo gammachiisaa yoo ta'u, bakki filannoo keessan yeroo baayyee manatti dhihoodha.

Sadarkaalee:


1. Yeroo filattan dursaatii galmaa'aa ykn galmaa'aa (*fuula 7ffaa*)
 - Dursitanii galmooftaniittu yoo ta'e, W.E. fiduu isin hin barbaachisu.
 - Guyyaa Filannoorra galmaa'aa jirtu yoo ta'e, ragaa jireenyaa sirrii ta'e fiduu keessan mirkaneeffadhaa
2. Buufata filannoo keessanii mnvotes.gov/pollfinder irraa ilaalaa
 - Yeroon eeggannaa garaa gara ta'uu akka danda'u yaadadhaa
 - Guyyaa Filannootti filannoon ganama sa'a 7 hanga galgala sa'a 8 tti banaadha
3. Filadhaa!
 - Bakkee dhokataa keessatti filattu.
 - Yoo dogoggortan mirga gargaarsa gaafachuu ykn waraqaa filannoo haaraa argachuu qabdu.


Galgala keessaa sa'a 8 tti hiriirraa yoo jiraattan, filachuun isiniif ni hayyamama.

Waraqaa filannoo guutaa



Waraqaa filannoo keessa buusaa





Haalota addaa

- Buufataaleen filannoo dhaqqabamoo ta'uun dirqama.
- Filataan tokko hojjechiisaa fi yuunienii isaa irraa kan hafe, hiriyyaa isaa, miseensa maatii isaa, ykn nama kamiyyuu fidee filachuuf akka isa gargaaran gochuu ni danda'a.
- Filataan tokko abbaa murtii filannoo gargaarsa gaafachuus ni danda'a.

Teeknooloojii filannoo dhaqqabamoo

Tokkoon tokkoon iddoo filannoo ExpressVote (meeshaa filannoo mallattoo taasisu kan argatamuu danda'u) filattoota qaama miidhamtootaaf kan qopheesse yoo ta'u, namni kamiyyuu qalama osoo hin fayyadamin of danda'ee dhuunfaan waraqaa filannoo isaa irratti mallattoo akka kennu kan taasisudha.

Maashinichi iskiriinii waraqaa filannoo qubee guddaadhaan ykn dugduuba ifa guddaa qabuun agarsiisuu danda'u qaba. Heedfoonii gurratti yoo godhattan waraqaa filannoo sanallee isinii dubbisuu ni danda'a.

Filattoonni filannoo isaanii iskiriinii tuquudhaan ykn furtuu Bireeliitiin mallatteessuu ni danda'u.

Filannoo karaa cinarrattii

Konkolaataa keessan keessaa salphaatti bahuu hin dandeessan yoo ta'e, abbootiin murtii filannoo karaa cinatti sagalee akka kennitanii isin gargaaruu ni danda'u. Abbootiin murtii filannoo lama meeshaalee mallattoo fi waraqaa filannoo keessan barbaadan qabatanii dhiyaatu. Erga waraqaa filannoo keessan irratti mallattoo kaa'uu xumurtanii booda, waraqaa filannoo sana gara korojoo filannootti geessu.

Dhaqqabamummaa

Mana-dhabeessa ta'anii osoo jiranii filachuu

Filachuudhaaf ulaagaa ni guuttu yoo taatan, mana jireenyaa qabaattanis dhiistanis filachuu ni dandeessu. Yeroo galmooftan teessoo keessan ammaa (fakkeenyaaf, bakka boqonnaa, mana hiriyyaa, alaa fi kkf) fayyadamuu keessan mirkaneessaa.

Teessoo alaatiif, daandii qaxxaamuraa fi ibsa bakka ciistanii barreessaa (fakkeenyaaf, SW corner of Loring Park naannoo walqunnamtii Hennepin Ave. fi Oak Grove St.).

Bakkee jireenyaa keessan yeroo ammaatiif ragaa sirrii hin qabdan yoo taatan, Guyyaa Filannootti namni biraan akka raagaa isiniif ta'u gochuu ni dandeessu. Namni ragaa isiniif ta'u sun naannoo keessan keessa kan jiraatu ta'uu kan qabu yoo ta'u, bakka isin kennitan keessa akka jiraattan dhuunfaan akka beeku kakatee mirkaneessuu qaba (fuula 9ffaa).

Galmee yakkaa qabaatanii filachuu

Minnesota keessatti galmeen yakkaa keessan yeroo ammaa murtii yakka cimaatiin hidhamtanii kan jirtan yoo ta'e malee mirga filachuu keessan irraan dhiibbaa hin geessisu. Hidhaadhaa akka baataniin mirgi filachuu keessanii isiniif deebi'a.

Safe at Home

Safe at Home sagantaa guutuu kutaa biyyattii namoota nageenya isaaniif sodaatan teessoo isaanii iccitiin qabuun isaan gargaarudha.

Yoo sagantaa Safe at Home keessatti hirmaataa taatan, waa'ee akkaataa sagalee itti kennitanii caalaatti baruuf marsariitii sagantaa Safe at Home sos.mn.gov/safe-at-home daawwadhaa. Akkasumas lakkoofsa Safe at Home irratti bilbiluu ni dandeessu: 1-866-723-3035.



Waajjiraalee filaman

Waajjiraalee federaalaa

Pirezidaantii: Oogganaa Yuunaayitid Isteetsi kan Ameerikaa. Wixinee seeraa Koongiresii Yuunaayitid Isteetsiin ragga'e ykn wixinee murtoo qaama seeraa kuffisuu mallatteessa. Pirezidaantichi seera Koongireesiiin baase raawwachuu fi raawwachiisuuf itti gaafatamummaa qaba. Hooggantoota koomishiniiwwan federaalaa walaba ta'an 50 ol muuduun ajaja hojii raawwachiiftuu kennuu ni danda'a. Pirezidaantichi abbootii murtii Mana Murtii Waliigalaa kan Koongireesiiitiin mirkanaa'an kaadhima. Pirezidaantichi ajajaa olaanaa Raayyaa Ittisa Biyyaa Ameerikaati. Pirezidaantii fi itti aanaan pirezidaantii marsaa waggaa afuriif kan tajaajilan yoo ta'u, marsaa lama qofa bulchuu danda'u. Hidhata dhaaba siyaasaa kan qaban.

Itti-aanaa Pirezidaantii: Itti gaafatamummaan itti aanaa pirezidaantii inni jalqabaa yoo pirezidaantichi hojii isaanii raawwachuu dadhaban pirezidaantummaa irraa fudhachuuf qophaa'uudha. Itti aanaan pirezidaantii kun pirezidaantii Seenetii Yuunaayitid Isteetsi ta'uun kan tajaajilan yoo ta'u, yoo walqixa ta'e sagalee murteessaa kenna. Filannoo pirezidaantummaa irratti waraqaa filannoo kenname fudhachuu fi lakkaa'uu sirnaan dursu. Itti aanaan pirezidaantii pirezidaanticha waliin gar tokkorra waan dorgomuuf lamaan isaaniitiif akka tokkootti sagalee kennituuf. Hidhata dhaaba siyaasaa kan qaban.

Seenaatara U.S.: Seeneetiin mana maree Koongiresii tokkodha. Seenaataroonni U.S 100 yoo ta'an, bulchiinsa kutaa biyyaa tokkorraa lamatu dhiyaata. Seenaataroonni U.S. seera baasuuf yaada dhiyeessu, ni falmu, akkasumas sagalee kennu. Baajata federaalaa irratti to'annoo taasisu, muudama pirezidaantii ni raggaasisu ykn ni didu. Seeneetiin sagalee harka sadii keessaa harka lamaan waliigalteewwan mootummoota biyya alaa waliin taasifaman mirkaneessuu ykn dhabamsiisuuf aangoo guutuu qaba. Turtii waggaa jahaa tajaajilu.
Hidhata dhaaba siyaasaa kan qaban

Bakka-bu'aa U.S.: Manni Maree Bakka Bu'oota Uummataa mana maree Koongiresii isa lammaffaati. Bakka bu'oonni U.S. 435 ta'an baay'ina ummataatiin kan faffacaafaman yoo ta'u, lakkoofsi ummataa erga adeemsifamee booda waggaa kudhaniin al tokko irra deebi'anii faffacaafamu. Akkuma seenaataroota U.S., bakka buutonni yaada dhiyeessu, ni falmu, sagalees ni kennu, akkasuma ammoo qondaaltota federaalaa itti-gaafatamummaa irraa kaasuuf aangoo qabu. Turtii waggaa lamaa tajaajilu. *Hidhata dhaaba siyaasaa kan qaban*

Waajjiraalee Mootummaa

Bulchaa: Hoji-gaggeessaa olaanaa naannichaati. Hooggantoota kutaalee hojii fi eejensiwwanii muudu, baajata mootummaa wayya jedhan dhiyeessu, akkasumas seera mallatteessu (raggaasisu) ykn kuffisu (mirkaneessuu didu). Akkasumas bakka duwwaa guutuuf abbootii murtii muuduu fi dhiifama gochuu, adabbii hambisuu ykn yeroo biraatti dabarsuu, akkasumas yakkamfootaaf mirga isaanii deebisuufii ni danda'u. *Hidhata dhaaba siyaasaa kan qaban*

Itti aanaa bulchaa: Bakka isaan hin jirretti ykn bakki hojii duwwaan yoo jiraate itti gaafatamummaa bulchaa ni fudhata. Hojii bulchaadhaan itti kenname biroos ni raawwata. Bulchaan itti aanaa bulchaa waliin gar tokkorra waan dorgomuuf lamaan isaaniitiif akka tokkootti sagalee kennituuf. *Hidhata dhaaba siyaasaa kan qaban*


Barreessaa Mootummaa Naannoo: Qondaala olaanaa filannoo ta'ee hojjeta, akkasumas hojiirra oolmaa seera filannoo fi leenjii hojjetoota filannoo kaawuntii ni to'ata. Akkasumas sanadoota mootummaa ni mirkaneessa, dhaabbilee daldalaa fi dhaabbilee bu'aaf hin dhaabbanne ni galmeessa. Dabalataanis, sagantaa Safe at Home ni bulcha. *Hidhata dhaaba siyaasaa kan qaban*

Oodiitara Mootummaa Naannoo: Maallaqa mootummoonni naannoo baasan ni to'ata, ibsa faayinaansii isaaniis oodiitii ni taasisa. *Hidhata dhaaba siyaasaa kan qaban*

Abukaatoo Waliigalaa: Mootummaa naannootiif tajaajila seeraa ni kenna, dhimmoota mana murtii irratti mootummaa bakka bu'a, seera dhaabbilee tola ooltummaa ilaallatan ni kabachiisa, mirga ummataas ni eega. *Hidhata dhaaba siyaasaa kan qaban*

Seenaatara mootummaa naannoo: Seeneetiin kutaa biyyaa “mana maree olaanaa” damee seera baastuu kutaa bulchiinsa biyyaati. Seenaataroonni seera baasuuf yaada dhiyeessu, irratti falmii taasisu, akkasumas sagalee kennu. Adeemsa baajata mootummaa keessatti ni hirmaatu. *Hidhata dhaaba siyaasaa kan qaban*

Bakka-bu'aa mootummaa naannoo: Manni maree bakka-bu'ootaa kutaa biyyaa “mana maree gad-aanaa” damee seera baastuu kutaa bulchiinsa biyyaati. Bakka-bu'oonni seera baasuuf yaada dhiyeessu, irratti falmii taasisu, akkasumas sagalee kennu. Adeemsa baajata mootummaa keessatti ni hirmaatu. *Hidhata dhaaba siyaasaa kan qaban*



Waajjiraalee kaawuntii

Koomishinara kaawuntii: Baajata waggaa kaawuntii ni raggaasisa, gibira kaawuntii ni murteessa, bulchaa kaawuntii ni muuda, seera hojjetootaas ni hayyama. Akkasumas karoora yeroo dheeraa fi fooyya'iinsa kaappitaalaa irratti ni hojjeta, itti fayyadama gargaarsa naannoo fi federaalaa ni hayyama, seera kaawuntii fudhachuu fi bakka duwwaa abbaa seeraa fi aangawaa olaanaa poolisii kaawuntii dursee guuta. *Hidhata dhaaba siyaasaa kan hinqabne*

Aangawaa olaanaa poolisii kaawuntii: Adeemsota, ajaja seeraa, dambiiwwanii, fi ajajawwan aangoo seera qabeessa ta'een kennaman ykn hojjetaman hunda ni raawwata. Aangawaa olaanaa poolisii kaawuntii balaa konkolaataa bashannanaa miidhaan dhuunfaa ykn du'a daangaa bulchiinsa magaalatiin ala uumamu qorata. Sanadoota mana murtii hunda ni qaqqabsiisa, beeksisi seeraa hundi akka raawwatamuuf ni maxxansa ykn kutaa biyyaa ykn kaawuntii bakka bu'ee maxxanfamu ni maxxansa, akkasumas himannaa fi eegumsa mana hidhaa kaawuntii ni eega. *Hidhata dhaaba siyaasaa kan hinqabne*

Abbaa seeraa kaawuntii: Kaawuntiif tajaajila seeraa ni kenna. Yakka cimaa fi dhimmoota yakkamtota dargaggootaa hirmaachisu hunda seeratti ni dhiyeessa, sagantaalee dargaggoota gara biraatti dabarsuu ni to'ata, akkasumas miidhamtootaa fi ragaa baatota sirna haqaa yakkaa keessatti gahee olaanaa qaban ni gargaara. Abbaan seeraa kaawuntii miidhamtoota mirga seeraa isaanii fi sadarkaa dhimmi isaanii irra ga'e irratti isaan gorsa, fayyaa fi nageenya ga'eessota saaxilamoo ta'an kaawuntii keessa jiran eeguuf adeemsa seeraa ni jalqaba, akkasumas dirqamoota deeggarsa daa'immanii argachuuf ykn raawwachiisuuf tarkaanfii ni fida. *Hidhata dhaaba siyaasaa kan hinqabne*

Koomiishinara paarkii kaawuntii: Boordii Komishinaroota Naannoo Paarkii 'Three Rivers' miseensota torba of keessaa qaba; isaan keessaa shan naannoolee qarqara magaalaa guddaa Hennepin County keessaa kan filataman yoo ta'u, lama immoo Boordii Komishinaroota Hennepin County'tiin kan muudamanidha. Koomishinarootni paarkii oolfannaa, misoomaa fi haaressuu paarkiiwwan gurguddoo, bakka kunuunsa

bineensota bosonaa, iddoowwan seenaa, bosonaa fi bakkeewwan eegaman biroof, akkasumas karaawwan ummanni haroowwan, lageen, fi burqituuwanii fi qabeenya uumamaa birootti bu'aa fi faayidaa uummeta naannoo magaalota Hennepin County fi magaalaa keessaatiif itti fayyadamuuf itti gaafatamummaa qabu. *Hidhata dhaaba siyaasaa kan hinqabne*

Waajjiraalee magaalaa

Kantiibaa: Kantiibaan yeroo baayyee hoji-gaggeessaa olaanaa magaalaa tokkooti (kun bulchiinsa magaalaatiin garaagarummaa qabaatus). Yeroo baay'ee waajjiraalee magaalaaf muudama ni kenna, akkasumas walgahii mana maree ni geggeessa. Kantiibonni yeroo baayyee tilmaama baajata magaalattii dhiyeessu, akkasumas ajajawwan ciccimoo manni marichaa akka yaadaatti dhiyeessan diduu ni danda'u. *Hidhata dhaaba siyaasaa kan hinqabne*

Mana Maree Magaalaa: Miseensonni mana maree magaalaa akkaataa idileetti akka “damee” seera baastuu mootummaa magaalaa ta’anii tajaajilu (kun bulchiinsa magaalaatiin garaagarummaa qabaatus, aangoo raawwachiisummaas qabaachuu waan danda’aniif). Miseensonni mana maree dambiiwwan akka yaadaatti dhiyeessuu, imaammata bulchiinsaa kaa’uu, akkasumas tilmaama baajataa kantiibaan dhiheesse dabarsuu ni danda'u. Muudamni kantiibaaf bulchiinsa magaalaa irratti taasifamu akkaataa idileetti hayyama mana maree barbaada. *Hidhata dhaaba siyaasaa kan hinqabne*

Konyaa mana barnootaa

Miseensa boordii mana barumsaa: Imaammata mana barumsaa ni qopheessa, bulchaa qacaree hooggansa barnootaa aanaadhaaf ni kenna akkasumas gibira aanaa sanatti ramaduudhaan madda maallaqaa uuma. *Hidhata dhaaba siyaasaa kan hinqabne*



Filataa odeeffannoo ga'aa qabu ta'uu

Kaadhimamaa, waajjiraalee ykn gaaffilee waraqaa filannoo irratti argaman irratti odeeffannoo dabalataa argachuuf gargaaruuf maddi odeeffannoo tokko tokko kunooti:

- Marsariitii, iimeelii, fi lakkoofsa bilbilaa isaa dabalatee odeeffannoo quunnamtii kaadhimamaa argachuuf mnvotes.gov daawwadhaa. Dhimmoota isiniif barbaachisoo ta'an irratti gaaffii qabdaniif kaadhimamaa quunnamuu ni dandeessu.
- mnvotes.gov irraas odeeffannoo quunnamtii dhaabbilee siyaasaa gurguddoo fi xixiqqoo Minnesota argachuu ni dandeessu
- Marsariitii dorgomtootaa fi waltajjiwwan miidiyaa hawaasaa
- Haasaa fi falmii kaadhimamaa
- Gabaasa piresii gaazexaawwan, teelevijiinii fi raadiyoo irraa
- Galmee sagalee kennuu (*yoo kaadhimamaan irra deebiin filatamuuf dhiyaate*)
- Ifatti deeggaruu (*deeggarsaa ummataa kaadhimamaa tokkoof*) .
- Filattoota Liigii Dubartootaa: lwvmn.org
- Ballotpedia: [Ballotpedia.org](https://ballotpedia.org)
- Waajjiraalee kaawuntii: Tarkaanfiiwwan boordii kaawuntii fi odeeffannoo walgahii ilaaluuf hennepincounty.gov daawwadhaa
- Waajjiraalee magaalaa: Marsariitii magaalattii seenuun odeeffannoo walgahii isaanii irraa argamu kamiyyuu ilaalaa
- Boordii mana barumsaa: Marsariitii konyaa mana barumsaa keessanii daawwadhaatii odeeffannoo walgahii isaanii irraa argamu kamiyyuu ilaalaa





Waraqaa filannoo keessanitti mallattoo gochuu

Waraqaa filannoo keessan erga argattanii booda waraqicha guutuutu isinirraa eegama.

Waraqaa filannootti mallattoo gochuu

Waraqaa filannoo fi kobbee fayyadamanii filachuun karaa filannoo isa hunda caalaa baratamaadha.

- Kobbee/qalamaan filadhaa, yeroo guuttan ammoo geengoo filannoowwan keessan cina jiran sirriitti gurraachessaa.



Meeshaa mallattootiin waraqaa filannoorratti mallattoo gochuu

- Filattootni meeshaa mallattoo taasisuun waraqaa filannoorratti mallattoo gochuudhaan filachuu ni danda'u.
- Meeshaan mallattoo waraqaa filannoo filannoowwan dhimma itti ba'amuun danda'amu hedduu qaba, isaanis kanneen akka qubee guddaa maxxanfame, qajeelfama dubbii, furtuu Bireelii ykn isikiirniituu tuqamuuti. Maashinichi waraqaa filannoo mallattoon itti godhame maxxansee baasa.

Yaadadhaa

- Sagaleen keessan dhoksaan qabama waan ta'eef mirga odeeffannoo dhuunfaa eegsisiifachuu qabdu
- Nama sagalee kennuu irratti isin gargaaru fidachuu ykn abbaa murtii filannoo gargaarsa gaafachuu ni dandeessu
- Yoo dogoggoran, qondaala filannoo waraqaa filannoo haaraa gaafachuu irraa duubatti hin jedhinaa





Itti hirmaadhaa

Hirmaannaan lammummaa filannoo irratti hin xumuramu! Waggaa guutuu karaaleen lammummaa irratti bobbaatanii turuu dandeessan hedduudha: Sagalee kennuutti dabalee karaaleen itti hirmaachuu dandeessan muraasni kunooti:

- Abbaa murtii filannoo ykn abbaa murtii filannoo barattootaa ta'uu
- Namoota biroo hawaasa keessan keessaa akkaataa filachuuf itti galmaa'anii fi akkaataa buufata filannoo isaanii barbaadan irratti gargaaruu
- Duula filannootti makamuu
- Aangawootni keessan filataman eenyu akka ta'an beekaatii isaan waliin wal quunnamaa. Isaan isin tajaajiluuf as jiru!
- Boordii ykn koomishinii magaalaa keessaniitti makamaa
- Walgahii magaalaa fi kaawuntii irratti hirmaadhaa
- Waldaa naannoo keessanii keessatti hirmaadhaa
- Dhaabbata ykn dhaaba siyaasaa hojii isin itti dhimmamtan hojjetu waliin tola ooltummaadhaan hojjedhaa
- Aangoof dorgomaa!
- Fuula Facebook @HennepinElections, X @HC_Elections, ykn beheardhennepin.org/your-vote-your-voice irratti nu hordofaa
- Qajeelfama kana hiriyyoota, maatii fi ollaa keessaniif qoodaa!

Hennepin County Elections

hc.vote@hennepin.us

612-348-5151

hennepincounty.gov/elections

